# Mirgoota Maatii fi Kunuunsa adeemsa hojii

Dandeettii kaffaluu fi hirmaannaa kaffaltii maatii keessanii adda baafame irratti yoo waliif hin galle, mirgawwan maatii Waraqaa barreeffama Early Intervention irratti ibsaman hundumaa qabdu.

Kunis mirga himannaa gara Mummee Daa'immanii fi Dargaggootaa Ohiootti galchuu yookaan giddu seentummaan yookaan ogeessa dhaddachaan dhimmi keessan akka furamu gochuu of keessatti haammata.

Akkasumas karaa idilee hin taaneen qindeessaan tajaajilaa keessan irra deebiin ilaaluun akka isin gargaaru gaafachuu yookaan guyyoota 30 yeroo itti kaffaaluu danda'uu keessan beeksifamtanii ykn kaffaltii maatii isin qabbabee keessatti gaaffii barreeffamaa gara:

Ohio Early Intervention,
Ohio Department of Children and Youth
P.O. Box 183204
Columbus, Ohio 43218'tti galchuu nii dandeessu.

Ibsa Sababoota murteen dandeettii kaffaltii fi hirmaannaan kaffaltii keesanii dogoggora jettanii amantanii fi wanta furmaata jettanii yaaddan itti dabala Mummichi murtoo barreeffamaa guyyoota hojii 20 itti gaaffii keessan ilaaluuf fudhatetti isiniif kenna.

Department of Children & Youth

Help Me Grow Early Intervention

# SIRNA KAFFALTII



Danbiin Barnootaa Nama Miidhama Qaamaa Qabuu (The Individuals with Disabilities Education Act or IDEA)), dalagaawwanii fi tajaajilootni Early Intervention (EI) tokko tokko baasii tokko malee maatiif akka dhiyaatan gaafata. Daa'ima Barbaaduun, qorachuunii fi madaalliin, Karoora Tajaajila Maatii Dhuunfaa (IFSP) qopheessuun, eegumsi adeemsa hojii fi qindoominni tajaajilaa mootummaadhaan maallaqaan kan deeggaramanii fi baasii tokko malee maatiif kan dhiyaatani dha.

Barbaachisummaan tajaajila EI dabalataa [1]adeemsa gartuu IFSP dhaan murteeffama. Tajaajiloonni EI dabalataa kanneen Hamma yuunitii 100[2] kan ta'an tokkoo tokkoo waggaa IFSP'f [3] baasii tokko malee maatii mucaan isaanii ulaagaa guutuuf ni dhiyaata. Tajaajiloonni kunis Maallaqni isaanii karaa walitti dhufeenya maallaqa naannoo, isteetii fi federaalaa akkasumas inshuraanii maatii fi daa'imaa (maatiin hayyama yoo kennan) irraa argama.

Walga'ii IFSP jalqabaa dura, Qindeessaan tajaajilaa EI seera Sirna kaffaltii Ohio nii ibsa. (ohioearlyintervention.org/federal-and-state-regulations), akkasumas isin waliin ta'uun tajaajilawwan EI yuunitii 100 mootummaadhaan kaffalaman gararraa isin kaffaluuf itti gaafatamummaan isinirra jiru yoo jiraate adda baasa.

Tajaajilawwan EI kamiifuu itti gaafatamummaan kaffaltii isinirraa hin eegamu

- Yoo mucaan keessan WIC yookaan Meedikeeyidii Ohi keessatti galmaa'ee jiraate, yoo galiin maatii keessanii hammaOhio Healthy Start[4]iratti daa'imman inshuraansii hinqabneef ka'amee gadi yookaan walqixa ta'ee, yookaan yoo maatiin keessan baasii meedikaalaa humnaa olii waggaa IFSP sanaa nii kaffala ta'e.

Qindeessaan Tajaajila EI keessan ramaddiilee kanneen isiniif nii ibsa. Yoo ulaagaalee faayinaansii kana hin guuttan ta'e yookaan odeeffannoo faayinaansii keessanii qooduu hin barbaadne, tajaajilawwan dabalataa EI yuunitii 100 irra darban kan IFSP waggaa sanaa qofa kaffaltu. Qindeessaan tajaajilaa EI keessan akkataa kaffaltiin EI itti hojjetuu fi filannoowwan isin qabdan akkuma IFSP'n qophaa'een odeeffannoo isiniif kenna.

Akka qaama gartuu IFSP mucaa keessanii ta'uu keessanitti, tajaajilawwan akkamii fi baay'ina isaanii galma IFSP mucaa keessanii milkeessuuf fayyadu adda baasuuf nii gargaartu. Akka IFSP'n keessan qophaa'aa ykn jijjiiramaa deemuun, qindeessaan Tajaajila EI keessan tajaajilawwanii fi maallaqa barbaachisan qindeessuu irratti isinii wajjin hojjeta.

1 Tajaajilli early interventio kan of keessatti haammatu: oodiyoolojii, meeshaalee fi tajaajilawwan tekinoolojii deggersaa, qajeelfama addaa, occupational therapy, wal'aansa qaamaa, wal'aansa dubbii afaanii fi kanneen biroo galma IFSP milkeessuuf barbaachisan.
2 Yuunitiin tokko tajaajila sa'aatii tokkoo yookaan baasii meeshaalee tekinoolojii deeggarsa kennanii $100 wajjin walqixa dha. Akka gartuu IFSPtiin murtaa'etti, yeroon yookaan doolaarri gartokkoon akka yuunitii tokkoon walqixa ta'etti fayyadamamuu danda'a.
3 Waggaa IFSP jechuun jalqabaa waggaa guyyaa IFSP'n jalqabaa yookaan waggaa itti mallattaa'ee ta'ee dhumni isaa immoo guyyaa IFSP'n waggaa itti aanuu mallatteeffamu guyyaa dursee jiru dha.
4 Waa'ee Jalqabbii Fayyaalessaa Ohio irratti odeeffannoo dabalataa asii argattu: https://ohioearlyintervention.org/system-of-payments

Department of Children & Youth

Mike DeWine, Governor
Isteetii Ohio

Kara B. Wente, Qindeessaa
Department of Children and Youth
(Rev. 07/2024)

Dhaabbanni kun carraa walqixxee dhiyeessa akkasumas qacara.

# TAJAAJILA EARLY INTERVENTIONF KAFFALUU

Qindeessaan Tajaajilaa Early Intervention (EI) keessan seera kaffaltii Sirna Ohio (ohioearlyintervention.org/federal-and-state-regulations) isiniif ibsa akkasumas galagalchii isaa yeroo barbaaddanitti isiniif kenna. Seerichi filannoowwan isin tajaajilawwan EI'f kaffaluuf qabdanii fi kaffaltii tajaajilaa dura hayyama maatii barbaachisuu kaa'a.

Qindeessaan Tajaajilaa Keessan tajaajilawwan kamtu mucaa keessaniif baasii malee kennamanii fi tajaajilawwan isin kaffalchiisan adda baasa. Qindeessaan tajaajilaa keessan tajaajila EI'f inshuraansii dhuunfaa yookaan mootummaadhaan kaffalamuun dura hayyamni keessan akka barbaachisu isiniif ibsa akkasumas mirga ulaagaa fi ibsa kaffaltii keessanii adda baafameef iyyachuu keessaniis isiniif ibsa.

## Inshuraansii Dhuunfaa Fayyadamuu

Yeroo hedduu karaa qacartootaa, yuuniyeenii daldalaa yookaan gareewwan biroo kan dhiyaatu inshuraansiin dhuunfaa, inshuraansii qaama sagantaa isteetii yookaan federaalaa kana akka Meedikeeyidii fi Meedikeerii hin taane dha.

Inshuraansiin dhuunfaa keessan tajaajilawwan EI'f kaffaluu isaan dura hayyama kennuu qabdu. Qindeessaan Tajaajilaa EI keessan yommuu inshuraansii dhuunfaa fayyadamuun kaffaltt tajaajila EI'f kaffaluu yaaddanitti basii isin mudachuu danda'u kan akka carraa kaffaltii yeroo dheeraa yookaan faayidaalee dhabuu, yoo daangaa fayyadama waggaa yookaan umurii guutuu irra darbitanii isin mudachuu danda'u isin hubachiisa.

Yoo hayyama kennitan, kaffaltii inshuraansii addaa mataa keessanii kaffaluu itti fuftu garuu, hamma irra darbaa yuunitii 100 tajaajila EI sinitti dhufe kaffaluu hin qabdan

Yoo inshuraansii dhuunfaa qabaattanii fi tajaajila EI'f kaffaluuf itti gaafatamummaa hin qabdan ta'e, kaffaltii waliinii yookaan irra darbnaa kaffaluu hin qabdan. Qindeessaan Tajaajilaa EI yeroo daballiin kaffaltii, yeroo yookaan hamma tajaajila EI IFSP keessan irra jiruu uumamu kamittuu hayyama keessan isin gaafata.

## Inshuraansii Mootummaa Fayyadamuu

Meedikeeyidiin sagantaa inshuraansii mootummaati Yoo namni tokko sagantaa Meedikeeyidii keessa jiraate, kaffaltiin Tajaajila EI'f, yookaan adda ta'eef, kaffaltii ira darbaa dhufeef kaffaluun irraa hin eegamu.

Meedikeeyidii fayyadamuun, carraan faayidaa Meedikeyidii yookaan tajaajilaa dhabuu hin jiru, akkasumas carraan hir'ifamuu tajaajila umurii guutuu yookaan faayidaalee biroo hin jiraatu.

Qindeessaan Tajaajilaa EI keessan maqaa mucaa keessanii fi lakkoofsa Meedikeeyidii keessan Mummee Meedikeeyidii Ohio' sababa kaffaltiif qooduuf hayyama isin gaafata. Yoo hayyama kennitaniitu ta'e, hayyama keessan addaan kutuu dandeessu.

## Inshuraansii Mootummaa Fi Dhuunfaa

Yoo inshuraansii mootummaa fi dhuunfaa qabaattan, tajaajila EIf kaffaluuf itti gaafatamummaan hin qabdani.

Qindeessaan tajaajilaa EI keessan, tajaajila EIf inshuraansii mootummaa yookaan dhuunfaa keessaniin kaffaluun dura hayyama isin gaafachuu qaba.

## Eegumsa Isiniif

Sababoota hanqina armaan gadiif tajaajilli EI daa'ima ulaagaa guutu tokkoo lafarra harkifamuu yookaan haqamuu hin qabu:

- Hayyama maatii inshuraansii dhuunfaa daa'imaa yookaan maatii fayyadamuun Tajaajila EIf kaffaluuf:
- Daa'imni yookaan maatiin sagantaa inshuraansii mootummaa keessa jiraachuu; yookaan
- Hayyama maatii odeeffannoo dhuunfaa daa'imaa inshuraansii mootummaaf qooduu.

Sirni EI maatiin yookaan daa'imni tokko tajaajila EI argachuuf sagantaa inshuraansii mootummaa keessa jiraachuu irraa hin barbaadu, garuu sagantaawwan akkasiif odeeffannoo qooduu nii danda'a. Yoo daa'imni yookaan maatiin sagantaa inshuraansii mootummaa keessa hin jiran ta'e, Tajaajila EIf kaffaluuf Sirni EI daa'ima yookaan maatii gara sagantaa inshuraansii mootummaatti dabaluu yookaan inshuraansii mootummaa daa'imaa yookaan maatii fayyadamuun hin malu.

Yeroo tajaajila EIf kaffaluuf inshuraansii mootummaa daa'imaa yookaan maatii fayyadamutti, Sirni EI:

- Jalqaba irratti, hayyama maatii al takkaa odeeffannoo dhuunfaa daa'imaa sagantaa inshuraansii mootummaaf qooduun, sababa kaffaltiif akka oolutti fudhachuu qaba;
- Tajaajilawwan EI kunneen IFSP keessa jiran maatiin hayyama kennaniif kennuu qaba.

Maatiin kaffaluu akka hin dandeenye yoo adda bbafame, daa'imni ulaagaa guutu tajaajilawwan EI IFSPdhaan akka barbaachisan beekaman baasii tokko malee daa'imaa fi maatii dhiyaachuu qabu; tajaajilawwan e IFSP waggaa yuunitii 100 irra kan darban dabalatee.

Maatiin kaffaluu danda'an kaffaltii tajaajilawwan EI yuunitii 100 irra darban kanneen akka kaffaltii irra darbaa inshuraansii dhuunfaa galma IFSP keessa kaa'amaniif barbaashisan kaffaluuf itti gaafatamummaa qabu, Tajaajila EI kaffaltii irraa bilisa ta'aniin ala.

Maatiin hamma sirrii gatii tajaajila EI caalaa kaffalchiifamuu hin qabani ( hamma fedhe maddeen biraairraa kaffaltii tajaajilawwan kanaaf yoo argatan illee).

Daa'imni yookaan maatiin inshuraansii dhuunfaa yookaan mootummaa qaban hamma daa'imn yookaan maatiin inshuraansii dhuunfaa yookaan mootummaa hin qabne kaffalan irraan gatii garmalee fagaatu kaffaluu hin qaban

Tajaajili EI daa'ima ulaagaa guutuu sababa maatiin tajaajila EIf kaffaluu hin dandeenyeef lafarra harkifamuu yookaan dhorkamuu hin qabu